**TOWERS CLASS ACTION (HIMANNAA GAMTAA TAAWARSII)**

**IDRIS HASSAN**

**fi**

**HAWA WARSAME**

**V**

**STATE OF VICTORIA (BULCHIINSA MOOTUMMAA VICTOORIYAA)**

**(S ECI 2021 00826)**

# HUBACHIISA WALII GALTEE YAADAME

**Tarkaanfii dabalataa fudhachuun barbaachisaa ta'uu isaa adda baafachuuf, Maaloo, xiinxalaan hubachiisa kana dubbisi. Hubachiisni kuni dokumantii barbaachisaa odeeffannoon isa keessatti argaman mirga seerri sii kennu irratti dhiibbaa fidan of keessaa qaba.**

**1. Hubachiisa kana maalif argatte?**

Gaafa guyyaa 19 March 2021, Obboo Idris Hassan and Aaddee Hawa Warsame (**Himattoonni**), Himata gamtaa Mana Murtii Olaanaa kan Victooriyaatti (Supreme Court of Victoria) eegalan (**Himannaan**) Mootommaa Victoria irratti (**Himatamaa**) Himanni dhihaate:

- Mana keessatti ittifamuun (Lockdown) namoota Mana jireenya ummataa (public housing) gamoolee saglan teessoon isaanii 9 Pampas Street, 159 Melrose Street, 33 Alfred Street, 76 Canning Street fi 12 Sutton Street, North Melbourne, fi 120,126 fi 130 Racecourse Road fi 12 Holland Court, Flemington (**Estate Towers**) gaafa guyyaa July 4 irraa haga July 9, 2020; fi

- Itti fufamee Mana keessatti ittifamuun namoota teessson isaanii 33 Alfred Street, North Melbourne tower gidduu July 10 haga July 18, 2020.

Himannaan kuni kan dhihaateen Himattoonni bakka of bu'anii fi akkasumas namoota biraa kan Himata walfakkaata qaban bakka bu'aniiti (**Miseensota Garee**).

Himattoonni wanni jedhan Himatamaan:

(a) Dogoongoraan Himattootaafi Miseensonni Garee hamma guyyaa 14 ta'u July 2020 keessa hidhaa jala oolfaman.

(b) Yoo kan isaan gamoo keessaa bahuuf yaalant a'e, Dogongoraan Himattootaafi Miseensota Garee irratti sodaa midhaa humnaa irrati uuman.

Himatamaan waan jedhame kana hin goone jedha.

Himattootaa fi Himatamaan Himanna baname kana irratti Mana Murtiitiin alatti furmaata itti walii galan irra gahanii jiru. Walii galteen karoorfame kuni fudhatama kan qabaatu Mana Murtiitiin kan ragga'e yoo ta'e qofa. Walii galteen kuni yoo raggaasifame, mirga Miseensi Garee irratti dhiibbaan qabaatu ni jiraata.

Manni Murticha namoota Miseensa Garee tahuu danda'aniif odeeffannoof akka ta'uuf jecha hubachiisni/beeksifni kun akka maxxansaan dhihaatu ajajee jira. Sababni ati hubachiisa kana argatteef Miseensa Garee kanaa ta'uun kee mala edhamee waan yaadamefi.

**2. Hubachiisni kuni maali?**

Hubachiisni kuni karoora walii-galtee irratti odeeffannoo barbaachisaa ta'an kan asii gadii kanas dabalatee of keessaa qaba:

(a) Akkamitti Miseensa Garee tahuu kee akka itti adda baaftu fi walii galtee karoorfameef ulaagaa guutuu kee;

(b) Akkaataa karoora walii-galtee fi haalaa kamiin Miseensa Garee irratti Hojii irra oola; fi

(c) Maal godhuu qabda yoo:

i. waliigaltee karoorfame keessatti qooda fudhachuuf **Galmaahuu yoo feete**;

ii. walii galtee karoorfame irraa fi Garee Miseensa iyyata dhiheessee keessatti qooda fudhachuu dhaabuu **Keessaa of baasuu feete**; yookiin

iii. karoora walii-galtee kaayame **Diduu/mormuu yoo feeete.**

***Hubachiisa kana xiinxalaan dubbisuu qabda, sababni isaatis odeeffannoon kunniin maal gochuu akka qabduu fi mirga keetirratti dhiibba aakkamii akka qabaatu ibsa.***

Hubachiisa kana keessatti wanni ati hin hubatin yoo jiraate, yookiin odeeffannoo dabalataa yoo barbaadde, abbootii seeraa kan himattoota bakka bu'anii hojjataa jiran, Clemens Haskin Legal, asirratti (03) 9988 5035 yookiin Imeelii info@clemenshaskin.com, yookin gorsaa seeraa dhuunfaa keetitti barbaadadhu.

Koppii hubachiisaa kanaa gama afaan biraatiin yoo barbaadde, koppileen afaan Amaaraa, Arabaa, Kaantoniisii, Dari, Dinkaa, Farsii, Mandariini, Oromoo, Simplified chinese, Sumaalee, Tigriffaa, traditional chinese, Turkish fi Veetnaamiisiitiin asirratti health.vic.gov.au/covid-19-towers guyyaa 10 May 2023 irraa eegalee argachuu dandeetta.

Umriin kee gaafa guyyaa 27 June 2023 waggaa 18 gadi yoo taate, yookiin nama sababa qaamaa miidhamaa (Injury), dhukkuba, dullumaaf, dhibdeef yookiin miidhama qaamaa yookiin sammuutiif Himata dhiheeffachuuf dandeettii yoo hin qabaatin

Himannaa ilaalchisee (**nama miidhama qaamaa qabu**), maaloo hubachiisa kana nama itti gaafatamummaa keessan qabuf yookiin bakka isin bu'utti kennaa (ni qabaattu yoo ta'e). Nama miidhama qaamaa qabu jalatti ramadamuu keessan shakki yoo qabaattan, Clemens Haskin Legal qunnamuu dandeettu, yookin gorsaa seeraa dhuunfaa keetti barbaadadhu yookiin nama biraa bakka buufadhu.

**3. Miseensi Garee kan ta'u eenyu?**

Miseensa Garee kan taatuu yoo bakki ati jiraattu yookiin turte:

(a) Iddoolee asii gaditti eeraman kamiyyuu ta'e:

i. 12 Holland Court, Flemington 3031;

ii. 120 Racecourse Road, Flemington 3031;

iii. 126 Racecourse Road, Flemington 3031;

iv. 130 Racecourse Road, Flemington 3031;

v. 9 Pampas Street, North Melbourne 3051;

vi. 12 Sutton Street, North Melbourne 3051;

vii. 33 Alfred Street, North Melbourne 3051;

viii. 76 Canning Street, North Melbourne 3051;

ix. 159 Melrose Street, North Melbourne 3051;

(walirratti, **Estate Towers**); fi

(b) Yeroo kamittuu yeroo kanarraa eegalee:

i. Naannoo sa'atii 4 00pm or 4.30pm guyyaa 4 July 2020 (yookiin xiqqo sa'atii san booda) irraa hamma 5:00PM gaafa guyyaa 9 July 2020 (9 Pampas Street, North Melbourne and 159 Melrose Street, North Melbourne yoo ta'e) fi Naannoo sa'aa 4:00 pm irraa 4:30 pm gaafa guyyaa 4 July 2020 (yookiin xiqqo yeroo san duubatti) haga 11:59pm gaafa 9 july 2020 yoo Estate Towers ta'e.

ii. 11.59 pm gaafa guyyaa 9 July 2020 hamma 11:59 pm gaafa guyyaa 18 July 2020 yookan 33 Alfred Street, North Melbourne kan ta'u yoo ta'e.

**4. Walii-galteen karoorfame maaili?**

Himataa fi Himatamaan Himata dhihaate kana irratti furmaata walii galtee godhan. Karoorri walii galtee kun Mana Murtiitiin yoo raggaasifame, Himannaan kuni kan furamuun walii-galteedhaan fi dhaddachi Mana Murtiitti taa'amu hin jiru.

Qabxiilee ijoo walii galtee keessaa:

(a) Himatamaan kafaltii walii galtee kanaaf kan oolu dimshaashatti doolaara miliyoona shan ($5,000,000.00) kafala **i (da'amni kafaltii)**:

(b) Himattoonni duree ta'anii iyyata dhiheessan mallaqa waliigaltee kanaaf murtaaye kana keessaa baasii isaan Miseensota Garee bakka bu'anii Himannaa kana banuuf baasan Manni Murtiittii iyyatanii ida'ama walii galaa keessaa akka deebi'uuf gaafachuu dandayu **(mallaqni isaaniif deebisamu)**. Mallaqni kamiyyuu kan himattoota kanaaf kennamu Mana muurtiitiin raggaasifamuu qaba.

(c) Himattootaaf kafaltiin godhamee, Mallaqni sanirraa hafe, san boodatti Miseensota Garee keessatti qooda fudhachuuf galmaahaniif mallaqni ni raabsama.Miseensi Garee kanaa kan umriin isaa ga'eessaa (adult) ta'e hundi ida'ama kafalame irraa qooda walqixaa argatu, Gareen Miseensaa (warri umriii 16 gadi gaafa guyyaa 4 july 2020 ta'e immoo) dhibbeentaa 50% warra ga'eessaa argatu.

(d) Mallaqni biraa kan Himannaan walqabatu, gatii seeraaf fi baasin mallaqa kana qoodoodhaaf bahu, ***hinhirdhifamu*** mallaqa ida'amaa kan kenname keessaa. Baasiileen, kanneen akka gatii abbaa-seeraa kan Himataan baase (akka Manni Murtii hayyamutti) Himatamaan kan kafalamuudha.

Haalli itti raabsamuufi tartiibni mallaqni waliigaltee itti kennamu lakkoofsa 6 asii gaditti kan argamu keessattii ibsamee jira.

Mallaqni waan isaaniif kennameef jecha, Gama isaaniittiin immoo Himataa fi Miseensonni Garee, Himatamaan akka Himata gaafa Guyyaa 24 September 2021, deebii isaa kan 27 January 2022 ergame, fi himata dhimma kanaan walfakkaatuu fi hidhata qabu irraa akka bilisa bahu hayyama (**Himanni**).

**5. Adeemsi haala raggaasaa iyyannaa Karoora walii-galtee kana aakkamitti ta'a?**

Akkuma lakkoofsa 4 asii olitti ibsametti, walii galteen kun kan fudhatama qabu mana Murtiitiin yoo raggaasifame qofa. Murtii karoora walii galtee kana raggaasisuuf, Manni Murtii karoorri walii-galtee kuni haqa ta'uu fi bu'aa warra Himata dhiheessee dowwaa laaluu osoo hin taane, waliigalatti Miseensota Garee kana keessa jiran hundaaf bu'aa isaanii kan eege ta'uu laala. Dhaddachi murtee raggaasisa karoora walii-galtee kanaa kan godhamu 24 July 2023 Mana Murtii Olaanaa Victooriyaatti (Supreme court of Victoria). Miseensonnii Garee keessa jiran dhaddacha kana irratti argamuuf mirga qabu.

Miseensa Garee kanaa ta'a jettee yaadda yoo ta'e fi hirmaachuu yoo feete yookiin, Keessaa of baasuu yoo feete yookiin karoora walii-galtee yoo didde/mormita ta'e,dirqamatti ejjannoo guyyaa Manni Murtii ajaja kaayeen ***duratti*** fudhachuu qabda. Ijjannoon ati fudhachuu dandeettu fi guyyaan xumuraa dhimma kana ilaallatu lakkoofsa 7 asii gadi jiru irratti ibsamee jira.

## 6. Kafaltiin itti Waliif-galame kuni haala kamiin ta'a?

Karoorri kafaltii waliif-galamee kuni Mana Murtiitiin ni ragggasifama yoo ta'e, ida'amni (sum) walii-galtee kuni kan Himataa fi Miseensa Gareetiif hiramu akkaataa waliigaltee Himataa fi Himatamaa fi Mannii Murtii raggaasiseen (**Karoora qoodamiinsa Mallaqa itti Waliif-galamee**). Manni Murtii Hojii Geggeessee (Administrator) ni fila akka inni:

(a) Karoora qoodamiinsa mallaqai rratti hundaayuun akka Iyyannaa Miseensa Gareetiin godhame laalu; fi

(b) Nama Miseensa Garee ta'uun isaa mirkanaaheef Ida'ama mallaqaa kana keessaa kafaltiin akka kennaaf.

Himataa fi Himatamaan waliigalanii Hojii kana akka geggeessuuf Barreessaa Damee fayyaa (Secretary of the Department of Health) kan ta'an Professor Euan Wallace AM filatanii akka **Hojii Adeemsisan** Hojii Adeemsisaan kuni ida'ama itti waliif galame kana kan hiru amantummaa gaarii fi, of-eeggannaa godhuunii fi mirga Miseensa dhuunfaa bakka bu'aniio soo hin tahin akka fedhiin Miseensota Garee ta'an hundaa eeggamutti.

Haalli qoodamiinsaa foormulaa keewwata 8 kan **Karoora qoodamiinsa Mallaqa itti Waliif-galamee** jalatti dhihaatee jira.

Garagalchiin (Kooppiin) **Karoora qoodamiinsa Mallaqa itti Waliif-galamee** (Settlement Distribution Scheme), kan haala mallaqni itti qoodamu seerri ajaju, Annexure A (Dabalata A) jalatti maxxanfamee jira yookiin marsaa inteetiiirraatti health.vic.gov.au/covid-19-towers.

## 7. MiseensiGareetarkaanfiiakkamiifudhachuudandahu?

Hubachiisa kana irratti waan sadi gochuu dandeetta.Wanni godhuu dandeetti kunniin asii gaditti ibsamee jira.Kooppii barreeffama dokumantii asii gadii kana afaan isaa kan hiikama yoo barbaadde, Guyyaa 10 May 2023 irraa

| | |
|---|---|
| *Interneetiiirratti (online)* | health.vic.gov.au/covid-19-towers; fi<br>www.clemenshaskin.com; |
| *Barruulee waraqaa (Hard Copies)* | Bakka bu'aa Himattootaa; fi waajjira Hojii<br>Gageessaa kan Estate Towers:<br><br>North Melbourne Housing Office<br>33 Alfred Street North Melbourne,<br>**Bilbila**: (03) 9326 6377<br><br>Ascot Vale Housing Office<br>12 Churchill Avenue, Ascot Vale<br>**Bilbila**: (03) 9371 6200 |

**Filannoo 1:** **Walii galtee karoorfame kana keessatti qooda fudhachuuf galmaahi**

Sababa Himannaa kanaaf mallaqa walii-galtee kanaaf karoorfame argachuu yoo feete galmaahuum dirqama

Waliigaltii kana keessatti qooda fudhachuu yoo feete, **Notice of Claim** "(Hubachiisa Iyyanna) foormii jedhu guyyaa **27 June 2023** duratti galchuun dirqama.

Hubachiisa Iyyannaa foormii jedhu kan guutuu dandeessu:

(a) Marsaa intarneetii irraatti formii asirratti argamu [health.vic.gov.au/covid-19-towers](health.vic.gov.au/covid-19-towers) yookiin

(b) Notice of claim form (Hubachiisa Iyyannaa) kan asirratti dabalata B (Annexure B) hubachiisa kana irratti argamu guuttee gama Hojii Adeemsisaattti akka kanaan galchuuni:

i. Asitii Imeelii ergi: COVID-19-Towers@health.vic.gov.au;

ii. Xalayaa asitti ergi (post to):
COVID-19 Towers
50 Lonsdale St
Melbourne Victoria 3000; yookiinimmoo

iii. Asitti kenni:
COVID-19 Towers
50 Lonsdale St
Melbourne Victoria 3000

Hojii Adeemsisaan iyyannaa namoota Karoora waliigaltee keessatti hirmaachuuf galmaahanii ilaala. Karoorri Walii-galtee raggaasifame fi namni galmaahe Miseensa Garee tahuu Hojii Adeemsisaan yoo mirkaneesse, **Karoora qoodamiinsa Mallaqa itti Waliif-galamee** irratti hundaayee kafaltiin ni godhamaafi.

Ibsa Iyyannaa guuttee gama Hojii Adeemsisaattti galchuun kee Hojii Adeemsisaan **Karoora qoodamiinsa Mallaqa itti Waliif-galamee** irratti hundaayuun ulaagaa guutuu kee akka adda baasee laalu hayyamtee jirta. Madaalli Hojii Adeemsisaan ati ulaagaa guutuu yookiin umrii kee kee adda baasuu irratti godhu qaamni dhuunfaa qorannaa inni madaalli kee irratti godhe akka gamaggamu soqachuu dandeetta, Garuu himata dhihaate irratti fi madaalli Hojii Adeemsisaan ityyannaa kee irratti godhe irratti himannaa banuu hin dandeettu.

**Filannoo 2:** **Walii galtee karoorfame keessa akka hin oollee keessaa of baasuu fi Himannaa keessatti qooda fudhachuu dhaabuu**

Miseensa Garee Himannaa keessaa kan bahuu dandahu yoo fedhiin "keessaa of baase". Himannaa keessaa yoo of baaste,

Karoora waliigalteetiin hin daangeffamtu akkasumas ida'ama mallaqaa kan qoodamu argachuuf ulaagaa hin guuttu. Miseensi Garee keessaa of baasan Himannaa dhuunfaa isaanii eegaluu danda'u

Guyyaan dhumaa kan Himannaa keessaa of baasuuf kan dura manni Murtii kaaye 1 July 2022. Namni kamiyyuu guyyaa sana duratti "Opt Out Notice" (hubachiisa keessaa of baasuu) kan galchan keessaa bahan jechuudha.

***HimataFalmii keessaa of baasuu yoo feete:*** eega guyyaan keesaa of baasan dabre boodatti akka ati of baastu siif hayyamuu Manni Murtii aangoo itti qaba. Manni Murtii Himannaa keessaa of baasuuf yeroon akka siif dheeratuuf yaada qabdu akka siif ilaalu yoof eete, foormii maqaan isaa "Notice of Application to Extend Time to Opt Out by a Group Member" ("Hubachiisaa iyyannaa miseensummaa Garee keessaa of baasuuf yeroon akkadabalamu" kan jedhu guuti.

Hubachiisaa asii olii kana guutuu kandandeettu Foormii dabalata (Annexure) C kan hubachiisa kana keessatti dhihaate guutuuni fi marsaa interneetiitiin health.vic.gov.au/covid-19-towers fi gama Supreme Court of Victoria poostaadhaan yookiin Imeeliidhaan teessoo hubachiisa irratti kennametti Guyyaa 29 May 2023 duratti galchamuu qaba.

***Miseensa Garee keessaa of baastee itti deebi'uu yoo barbaadde:*** Manni Murtii akka ati deebitu siif hayyamuuf aangoo qaba. Manni Murtii akka ati Miseensa Garee keessatti deebitu akka si godhuuf, "Notice of Reinstatement of Group Member" (Hubachiisa Miseensa Gareetti Deebi'auu) kan jedhu guutuun. Hubachiisa itti deebi'uu kana kan guutuu dandeessu Foormii Hubachiisa Miseensa Gareetti Deebi'uu kan Dabalata D (Annexure D) hubachiisa kana irratti maxxanfame guutuuni yookiin immoo marsaa intarneetii health.vic.gov.au/covid-19-towers galchi gama Supreme Court of Victoria poostaan yookiin Imeelii formicha irratti kennamanitti.

***Yoo miseensumma keessaa bahuu kee mamiii qabaatte:*** bakka bu'aa himattoota kan ta'an Clemens Haskin Legal qunnamtanii keessaa of baasuu keessan adda baafachuu dandeettan.

**Filannoo 3: Karoora walii galtee godhamee kana diduu**

Miseensa Garee yoo taaate mana Murtiitiif karoora waliigaltee kaayame kana deeggaruu yookiin dura dhaabbachuu kee ibsachuu dandeetta.

Akka yaada keetiitti Manni Murti Karoora walii galtee kan dhihaate raggaasisii hin qabu jetta ta'e foormii "Notice of Objection to Proposed Settlement" (Hubachiisa Diddaa karoora waliigaltee) kan jedhu galchi. Hubachiisa diddaa kana foormii Dabalata E kan hubachiisa kana keessatti dhihaate irratti guutuun yookiin toora intarneetiirraan health.vic.gov.au/covid-19-towers irratti fi gama teessoo Supreme Court of Victoria kan hubachiisa irratti dhihaatetti guutii deebisi.

Hubachiisni diddaa kuni Gaafa guyyaa 29 May 2023 duratti mana Murtiitti galuu qaba. Yaada Diddaa kee kan deeggaru ragaalee yookiin yaada barreeffamaa yoo qabaatte gama mana Murtiitti gaafa13 June 2023 duratti galuu qaban.

Manni murtichaa Hubachiisa diddaa Miseensota Gareetiin yeroo kenname keessatti dhihaate dhaddacha gaafa guyyaa 24 July 2023 kan karoorri waliigaltee itti raggaasifamuuf ilaalamu irratti yaadni diddaa dhihaates hubannaa keessa galcheeti.

Kana dura karoora waliigaltee keessatti qooda fudhachuuf galmooftee jechuun filannoo lakkofsa 1 *yoo* filattes Karoora walii galtee kana amma diduu sin daangeessu.

Filannoo lakkoofsa 2ffaa filattee fi Karoora walii-galtee keessaa yoo of-baaste Karoora walii galtee diduu hin dandeessu.

TARKAANFII ASII OLITTI IBSAMAN KEESSAA TOKKOLLEE YOO HIN FILATIN FI HUBACHIISA KANA DEEBISUUF TARKAANFIIN ATI FUDHATTE YOO HIN JIRAATIN, WALII GALTEE KAROORFAME IRRAA QOODA FUDHACHUUF ULAAGAA HINGUUTTU, TARII YOO MANNI MURTII YAADA KANAAN ALAA MURTEESSEEN ALATTI. Kanarratti hundaa'uun, ati waa tokkollee godhuu dhabdee karoorri waliigaltee kuni raggaasifame, Hoji Adeemsisaan iyyata kee laaluu hindanda'u fi mallaqa ida'amaa keessatti qooda fudhachuuf ulaagaa hin guuttu. Dabalataanis walii galtee godhame kanaan ni daangeeffamta fi Himatama irratti himata kana banuu hin dandeettu.

**8. Ijoolleef Miidhama Qaamaa Nama Qabuu fi namoota biraa kan of kunuunsuu hin dandeenneef foormii guutuu.**

Gaafa guyyaa 27 June 2023 ijoollee waggaa 18 gadii kan Miseensa Garee ta'an danda'an yoo qabaatteegalmeessuu feetu (Filannoo 1), odeeeffannoo (details) isaanii foormii Notice of Claim form (Hubachiisa Iyyannaa) kan jedhu irratti guutamuu qaba.Kophaatti isaaniif foormiin Notice of claim form jedhu guutuu hin qabu.
Akka isaan Himannaa keessaa of baasan yoo feete (filannoo 2) formii biraa kan Application to Extend Time to Opt Out by a Group Member (Hubachiisaa iyyannaa miseensummaa Garee keessaa of baasuuf yeroon akka dabalamu) kan jedhu kophaa kopaatti guutuufi qabda.
Maatiin yookiin namnii itti gaafatamummaa ijoollee qabu ijoollee bakka bu'ee diddaa kamiyyuu (filannoo 3) godhuu ni dandaya

Nama ittigaafatama kee qabu yookiin bakka bakka bu'aa siif ramadame yoo qabaatte, yookiin nama Miidhama Qaama qabu jalitti yoo ramadamte, Isaanitti dokumantii kana kennii akka waan ati gootu irratti murteessuuf si qarqaaraniif.

**9. Odeeffannoo dabalataa karoora waliigaltee irratti eessa argatta?**

Karoora waliigaltee kana irratti odeeffannoo dabalataa yoo barbaadde, kooppii dokumantii barbaachisaa ta'anii, kan hima (statement) Himatamaa of keessaatti qabu, deebii Himatamaan dhiheesse fi ibsa walii-galtee kana toora marsaa intarneetii Hojii Geggeessaa irraa health.vic.gov.au/covid-19-towers argachuu dandeetti yookiin weebsaayitii warra himattoota bakka bu'anii Clemens Haskin Legal, www.clemenshaskin.com Irraa argachuu dandeetta.

Maaloo dhimma asii olitti tuqaman xinxalliin ilaali.Miseensa Garee ta'uu kee adda baastee yoo hin beekin yookiin murtee fudhachuuf odeeffannoo dabalataa kan feetu yoo ta'e, Clemens Haskin Legal Bilbila (03) 9988 5035 irratti yookiin gama Imeelii info@clemenshaskin.com, yoookiin gorsa seeraa dhuunfaatti soqadhu.

Hubachiisni kuni kan maxxanfame Ajaja Supreme Court of Victoria kan guyyaa 20 April 2023 irratti hundaayeeti.